3) The bureau should address the customer specifying the reasons if the application has not met the necessary requirements.

## Kutaa Afur
## Dirqamoota Hirmaattoota Daldala Bunaa

**13. *Dirqamoota Nama Daldala Bunaa Irratti Bobba'e***

Namni hojii daldala bunaa irratti bobba'e kamiyyuu:

1) Bittaa fi gurgurtaa bunaa giddugaleessa gabaa bunaaf daangeffame qofa keessatti geggeessuu qaba.

2) Buna osoo hin fe'iin dura konkolaachisaa fi konkolaataan haala labsii kana keewwata 19 keewwata xiqqaa (5) bu'ureefateen bobba'uu isaa mirkaneeffachuu qaba.

3) Ulaagaalee waraqaa ragaa gahumsa hojii mirkaneessu irratti hundaa'e sadarkaa isaa kan eeggate warshaa buna qopheessu, mana kuusaa bunaa, meeshaalee qulqullina bunaaf barbaachisaa ta'anii fi ogeessa gahumsa qabu qabaachuu qaba.

4) Buna gabaaf qopheesse irraa tajaajila qorannoo sadarkaa baasuuf barbaachisu saamuda bunaa biiroof kennuu qaba.

5) Buna gara giddugaleessa gabaa oomishaa Itiyoophiyaatti ergamu buufata qorannoo fi galmee bunaatti dhiheessee to'ataa qulqullinaa fi daldala bunaatiin qorachisuun, samsee waraqaa geggeessituu bunaa kennameef qabatee gara giddugaleessa gabaa oomisha Itiyoophiyaatti dhiyyeessuu qaba.

6) Buna guyyaa guyyaan bitee fi gurgure hanga, sadarkaa, gosa bunaa fi gatiisaa galmeessee qabu fi biiroon yemmu gaafatu kennuufii, akkasumas warshaa buna qopheessuu fi mana kuusaa isaa yeroo barbaachisaa ta'etti hojjataa qulqullina bunaa yookaan koreen sadarkaa sadarkaan dhaabatee jiruu yeroo too'atuutti deggarsa hojii barbaachisaa ta'e gochuu qaba.

## ክፍል አራት
## የቡና ንግድ ተሳታፊዎች ግዴታዎች

**፲፫. የቡና ንግድ ስራ ላይ የተሰማራው ሰው ግዴታዎች**

በቡና ንግድ ስራ ላይ የተሰማራዉ ማንኛውም ሰው:-

1) የቡና ግዥን ሽያጭ ለቡና ገበያ በተከለለው ማዕከል ውስጥ ብቻ ማካሄድ አለበት::

2) ቡና ከመጫኑ በፊት ሹፌር እና መኪናው በዚህ አዋጅ አንቀጽ 19 ንኡስ አንቀጽ 5 መሠረት መሰማራቱን ማረጋገጥ አለበት::

3) የስራ ብቃት ማረጋገጫ ምስክር ወረቀት መመዘኛ መሠረት ደረጃውን የጠበቀ የቡና ፋብሪካ ማዘጋጀት፣ ለቡና ሥራ አስፈላጊ የሆኑ መሣሪያዎች እና ብቃት ያለዉ ባለሙያ ሊኖረዉ ያስፈልጋል::

4) ለገበያ ካዘጋጀው ቡና ላይ ደረጃ ለማውጣት የሚያስፈልገውና የምርመራ አገልግሎት የቡና ናሙና ለቢሮው መስጠት አለበት::

5) ወደ የኢትዮጵያ የምርት ገበያ ማዕከል የሚላከው ቡና ለቡና ጥናትና ምዝገባ ማዕከል ቀርቦ በቡና ንግድ እና ጥራት ቁጥጥር መርማሪ በማስመርመር ታሽጎ የተሰጠውና የቡና ሸኝ ደብዳቤ ይዞ ወደ የኢትዮጵያ የምርት ገበያ ማዕከል ማቅረብ አለበት::

6) በየዕለቱ የገዛውን እና የሸጠውን ቡና መጠኑን፣ ደረጃውን እና ዋጋውን መዝግቦ መያዝ እና ቢሮው ሲጠይቀው መስጠትና እንዲሁም የቡና ማዘጋጀት ፋብሪካ እና መጋዝን አስፈላጊ በሆነ ጊዜ የቡና ጥራት ተቆጣጣሪ ሠራተኛ ወይም በየደረጃው ተቋቁሞ ያለው ኮሚቴ ሲቆጣጠር አስፈላጊውና የስራ ትብብር ማድረግ አለበት::

## Part Four
## Obligation of participants of coffee trade

**13. Obligations of coffee merchant**

Any person involved in coffee transaction shall:

1) conduct coffee transaction only in transaction centers;

2) Ensure before loading coffee for transportation, that a vehicle and its driver conform to sub article 5 of Article 19 of this Proclamation.

3) own the proper coffee processing and storage facility as well as equipments and personnel, or submit a contract of hire of the same, in accordance with the competence certification process;

4) submit a representative sample from the coffee prepared for transaction when so requested for quality inspection purposes;

5) have the appropriate executive body seal and issue a letter of release when transporting coffee from the production area to coffee quality liquoring and inspection center or from coffee quality liquoring and inspection center to market centers and to local consumption markets;

6) maintain a register of the daily coffee exchange quantity, grade, price and list of purchase and disclose such register to the relevant government organ on demand and cooperate when physical presence for site visit or inventorying is required;

7) Gochaalee qulqullinaa fi sadarkaa bunaa irratti miidhaa geessisan irraa of qusachuu qaba.

8) Seeraa fi hojimaata too'annoo fi qulqullina bunaatiif bahan kabajee hojiirra oolchuu qaba.

### 14. *Dirqamoota Dhiheessitoota Bunaa*

Dhiheessitoonni buna kamiyyuu:

1) Buna diimaa bitee sa'aatii kudha lama keessatti gara warshaa buna qopheessuutti dhiheessuudhan bu'uura hojimaata teeknika buna gartokkee miicame, yookaan buna hin miicamne qopheessuu qaba.

2) Buna janfala qulqullina isaa eeggatee goge giddugaleessa gabaa bunaa sadarkaa tokkoffaa keessatti oomishitoota bunaa irraa bitee qopheessuu qaba.

3) Buna qopheesse ji'a jaha keessatti gara giddugaleessa gabaa oomishaa Itiyoophiyaatti dhiheessee gurguruu qaba.

4) Buna gabaaf qopheesse sadarkaa qulqullina isaa kan eeggatee fi qabiyyeen jiidhina isaa %12 ol kan hin taane ta'uu isaa mirkaneeffachuu qaba.

5) Bakka hayyamameefitti qofa buna bituu, qopheessuu, kuusuu, fi geejibuu qaba.

6) Buna adda addaa gosaa fi bakka adda addaatti oomishame osoo walitti hin makiin dhiheessuu qaba.

7) Buna haala marbuushaan qophaa'ee bitee dhiheessuu hin qabu.

8) Waraqaa ragaa gahumsa hoji daldala bunaa biiroo irraa fudhachuu qaba.

### 15. *Dirqamoota Daldalaa Jimlaa Bunaa*

Daldalaan qinixaaboo bunaa kamiyyuu:

7) በቡና ጥራትና ደረጃ ላይ ጉዳት ከሚያደርሱ ድርጊቶች መቆጠብ አለበት፡፡

8) ለቡና ቁጥጥር እና ጥራት የወጡ ሕጎች እና አሠራሮችን አክብሮ ስራ ላይ ማዋል አለበት፡፡

### ፲፬. የቡና አቅራቢዎች ግዴታዎች

ማንኛውም የቡና አቅራቢዎች፡-

1) የገዛውን ቀይ ቡና በ12 ሰዓት ውስጥ ወደ ቡና ማዘጋጀት ፋብሪካ በማቅረብ በቡና እጥበት ቴክኒክ አሠራር መሠረት በከፍል የታጠበውን ቡና ወይም ያልታጠበውን ቡና ማዘጋጀት አለበት፡፡

2) ጥራቱን ጠብቆ የደረቀውና ጀንፈል ቡና በተከለለው የገበያ ማዕከል ውስጥ ከቡና አምራቾች ላይ ገዝቶ ማዘጋጀት አለበት፡፡

3) ያዘጋጀውን ቡና በ6 ወር ውስጥ ለኢትዮጵያ የምርት ገበያ ማዕከል አቅርቦ መሸጥ አለበት፡፡

4) ለገበያ ያዘጋጀውን ቡና የጥራት ደረጃውን የጠበቀ እና የእርጥበት ይዘቱ ከአሥራ ሁለት በመቶ(12) በላይ ያልሆነ መሆኑና ማረጋገጥ አለበት፡፡

5) በተፈቀደለት ቦታ ብቻ ቡና መግዛት፤ ማዘጋጀት፤ ማከማቸት እና ማጓጓዝ አለበት፡፡

6) በተለያዩ ቦታዎች የተመረቱ የተለያዩ ዓይነት ቡናዎች ሳይደባልቅ ማቅረብ አለበት፡፡

7) ኋላቀር በሆነ አሰራር ተዘጋጅቶ የገዛውን ቡና ማቅረብ የለበትም፡፡

8) የቡና ንግድ ስራ ብቃት ማረጋገጫ ምስክር ወረቀት ከቢሮ መውሰድ አለበት፡፡

### ፲፭. የጅምላ ቡና ነጋዴ ግዴታዎች

ማንኛውም የጅምላ ቡና ነጋዴ፡-

7) Refrain from all acts that may endanger the quality and standard of coffee.

8) Should comply and implement coffee control and quality laws and procedures

### 14. Obligations of coffee suppliers

Any coffee suppliers shall:

1) within 12 hours, deliver red cherry coffee to a processing plant, for processing into washed parchment coffee, semi-washed coffee, or sun dried coffee using the technical process required by the Ministry;

2) Buy and prepare coffee that meets quality set and dry husked coffee from producers at first grade market

3) within six month of processing, deliver processed supply coffee to auction centers or the Ethiopia Commodity Exchange for sale;

4) ensure that the coffee submitted to coffee quality liquoring and inspection centers conforms to quality standards and has a moisture content of not more than 12%;

5) purchase, process and transport coffee only in the area designated to him

6) Supply different types of coffee produced at various locations separately without mixing them.

7) Never buy and supply coffee prepared traditionally

8) Receive competency certificate for coffee trade from the bureau

### 15. Obligations of coffee wholesales.

Any domestic consumption coffee wholesaler shall:

1) Waraqaa ragaa ga'humsa hojii daldala sadarkaa bunaa mirkaneessu biiroo irraa fudhachuu qaba.

2) Buna ittii fayyadama biyya keessaatiif oolu giddugaleessa gabaa oomishaa Itiyoophiyaa qofa irraa bituu qaba.

3) Buna gabaa biyya alaatiif oolu bituu, geejibuu, kuusuu fi gurguruu hin qabu.

4) Buna ittifayyadama biyya keessaatiif oolu giddugaleessa gabaa oomisha Itiyoophiyaa irraa bitee, samsee, waraqaa geggeessituu qabatee geejibuun bakka hayyamamettii daldaaltota qinxaaboo qofatti gurguruu qaba.

*16. Dirqamoota Daldalaa qinixaaboo Bunaa*

Daladalaan chirichaaraboo) bunaa kamiyyuu:

1) Waraqaa ragaa gahumsa hojii daldala bunaa hojii mirkaneessu biiroo irraa fudhachuu qaba.

2) Buna ittiifayyadama biyya keessaatiif oolu daldalaa jimlaa irraa bituudhaan ittifayyadamtootaaf kallattiidhaan gurguruu qaba.

3) Giddugaleessa gabaa bunaa sadarkaa tokkooffaa fi oomshtoota bunaa irraa buna bituu gurguruu, kuusuu fi geejibuu hin qabu.

*17. Dirqamoota Nama Hojii Buna Akkaa'uu Irratti Bobba'e*

Namni hojii buna akaa'ee fi daakee gurguruu irratti bobba'e kamiyyuu:

1) Waraqaa ragaa gahumsa hojii mirkaneessuu biiroo irraa fudhachuu qaba.

2) Buna dheedhii giddugaleessa gabaa oomisha Itiyoophiyaa yookaan daldalaa jimlaa (waliigalaa) bunaa irraa bitee qopheessuu qaba.

1) የቡና ንግድ ስራ ብቃት ማረጋገጫ ምስክር ወረቀት ከቢሮ መውሰድ አለበት፡፡

2) ለሀገር ውስጥ ፍጆታ የሚውል ቡና ከኢትዮጵያ ምርት ገበያ ማዕከል ብቻ መግዛት አለበት፡፡

3) ለውጭ ሀገር የሚውለውን ቡና መግዛት፤ ማጓጓዝ፤ ማከማቸት እና መሸጥ የለበትም፡፡

4) ለሀገር ውስጥ ፍጆታ የሚውለው ቡና ከኢትዮጵያ ምርት ገበያ ማዕከል ገዝቶ፤ ተረክቦ፤ የሸኚ ወረቀት ይዞ በማጓጓዝ በተፈቀደለት ቦታ ለችርቻሮ ነጋዴዎች ብቻ መሸጥ አለበት፡፡

፲፮. የችርቻሮ ቡና ነጋዴ ግዴታዎች ማንኛውም የችርቻሮ ቡና ነጋዴ፡-

1) የቡና ንግድ ስራ ብቃት ማረጋገጫ ምስክር ወረቀት ከቢሮው መውሰድ አለበት፡፡

2) ለሀገር ውስጥ ፍጆታ የሚውለውን ቡና የጅምላ ነጋዴ በመግዛት ለተጠቃሚዎች በቀጥታ መሸጥ አለበት፡፡

3) ከአንደኛ ደረጃ የቡና ማዕከል እና ከቡና አምራቾች ላይ ቡና መግዛት፤ መሸጥ፤ ማከማቸት እና ማጓጓዝ የለበትም፡፡

፲፯. ቡና በመቁላት ስራ ላይ የተሰማራው ሰው ግዴታዎች

ቡናን ቆልቶ እና ፈጭቶ በመሸጥ ስራ ላይ የተሰማራው ማንኛውም ሰው፡-

1) የቡና ንግድ ስራ ብቃት ማረጋገጫ ምስክር ወረቀት ከቢሮ መውሰድ አለበት፡፡

2) ጥሬ ቡና ከኢትዮጵያ ምርት ገበያ ማዕከል ¨ወይም ከጅምላ ነጋዴ ገዝቶ ማዘጋጀት አለበት፡፡

1) Receive competency certificate for coffee trade from the bureau

2) only purchase domestic consumption coffee from auction centers or the Ethiopia Commodity Exchange;

3) not purchase, sell or transport export coffee;

4) transport and sell domestic consumption coffee purchased from the Ethiopia Commodity Exchange to markets designated for the wholesaler, after having the same sealed by the appropriate executive body and obtaining a letter of release.

**16. Obligations of coffee Retailers**

Any domestic consumption coffee retailer shall:

1) Receive competency assurance certificate for coffee trade from the bureau;

2) Supply coffee directly consumers purchasing only from wholesaler.

3) Not buy coffee from first grade coffee market and producers and not sell, store and transport such coffee.

**17 Obligations of coffee Roaster**

Any person involved in the roasting and grinding of coffee for selling shall:

1) Get Certificate of competency from Bureau.

2) purchase the coffee for such purpose only from auction centers, the Ethiopia Commodity Exchange or wholesalers; and

3) Giddugaleessa gabaa sadarkaa tokkooffaa fi oomishitoota bunaa irraa buna bituu, gurguruu, qopheessuu, kuusuu fi geejibu hin qabu.

4) Buna akkaa'ee fi daakee qopheessee waraqaa gosaa fi qabiyyee bunichaa ibsu irratti maxxansee samsuu qaba.

### *18. Dirqamoota Oomishaa Bunaa*

Oomishaan bunaa kamiyyuu:

1) Buna lafa qonnaa/maasii isaa irraa oomishee kallattiidhaan gara gabaa biyyaa alaatti erguuf mirga yemmuu qabaatu, buna isaa buufata qorannoo fi galmee bunaatti dhiheessee sadarkaa qorachiisee, samsee fi waraqaa ragaa geggeessituu biiroo irraa kennamuuf qabatee gara giddugaleessa gaba oomisha Itiyoophiyaatti dhiheessuu qaba.

2) Hojimaata fi teeknika buna funaanuu, gogsuu, kuusuu, geejibuu, qopheessuu fi gurguruuf barbaachisaa ta'an hordofuu qaba.

3) Buna haala marbushaan qopheessuu hin qabu.

### *19. Dirqamoota Oomishaa Bunaa*

Namni tajaajila hojii buna qopheessuu, kuusuu fi geejibuu irratti boba'e kamiyyuu:

1) Waraqaa ragaa gahumsa hojii mirkaneessuu biiroo irraa fudhachuu qaba.

2) Tajaajila kenneef Woraqaa ragaa qulqullinaa ibsu kennuu qaba.

3) Dhangala'aa fi haftee bunaa dhaabbata isaa keessaa ba'u naannoo fi hawaasa irratti faalama fi miidhaa akka hin dhaqqabsiifne gochuu qaba.

4) Abbaan konkolaataa yookaan konkolaachisaan buna fe'ee osoo geejibaa jiruu rakkoon konkolaataa yoo isaa qunname yookaan yakki irratti yoo raawwatame naannoo sanatti qaama



3) ከአንደኛ ደረጃ የቡና ገበያ ማዕከል እና ከቡና አምራቾች ላይ ቡና መግዛት፣ መሸጥ፣ ማከማቸት እና ማጓጓዝ የለበትም፡፡

4) ቆልቶ እና ፈጭቶ ያዘጋጀውን ቡና ዓይነት እና ይዘት የሚገልጽ ወረቀት እላዩ ላይ ተለጥፎበት ማሸግ አለበት፡፡

### ፲፰. የቡና አምራች ግዴታዎች

ማንኛውም የቡና አምራች፡-

1) ቡናን ከእርሻ ማሳዉ ላይ አምርቶ በቀጥታ ለውጭ ሀገር ገበያ ለመላክ መብት ሲኖረው በቡና ምርመራ እና ምዝገባ ጣቢያ አቅርቦ ደረጃውን አስመርምሮ፣ አስመዝግቦ እና ከቢሮ የሚሰጠውን የሸኚ ወረቀት ይዞ ወደ ኢትዮጵያ ምርት ገበያ ማዕከል ማቅረብ አለበት፡፡

2) ቡናን የመልቀም፣ የማድረቅ፣ የማከማቸት፣ የማጓጓዝ፣ የማዘጋጀት እና የመሸጥ አስፈላጊ የሆኑ የቴክኒክ አሰራሮችን መከተል አለበት፡፡

3) ቡናን በመርበሸ ሁኔታ ማዘጋጀት የለበትም፡፡

### ፲፱. የቡና አምራች ግዴታዎች

ቡናን በማዘጋጀት፣ በማከማቸት እና በማጓጓዝ አገልግሎት ላይ የተሰማራ ማንኛውም ሰው፡-

1) የቡና ንግድ ስራ ብቃት ማረጋገጫ ምስክር ወረቀት ከቢሮ መውሰድ አለበት፡፡

2) ለሰጠው አገልግሎት የጥራት ደረጃን የሚገልጽ ማስረጃ መስጠት አለበት፡፡

3) ከድርጅቱ የሚወጣው የቡና ፈሳሽ እና ተረፈ ቡና በአከባቢው እና በሕብረተሰቡ ላይ ብክለት እና ጉዳት እንዳያስከትል ማድረግ አለበት፡፡

4) ባለመኪናው ወይም ሾፌሩ ቡናን ጭኖ በማጓጓዝ ላይ እያለ መኪንው ችግር ከጋጠመው ወይም ወንጀል ከተፈፀመበት በአከባቢው ስልጣን ላለው የመንግሥት አካል ሪፖርት ማድረግ አለበት፡፡



3) Not buy any coffee from first grade coffee market and producers nor sell, store and transport such coffee.

4) ensure the description written on the packaging of the roasted and ground coffee conforms with the quality of the coffee.

### 18. Obligations of coffee producer

Any coffee producer shall

1) have the right to directly export coffee from his own farm, only after submitting the same to the coffee quality liquoring and inspection center for grading before and after processing for export; and standard and gets the coffee sealed and supply to ECX being accompanied which covering letter.

2) Monitor, procedures and techniques necessary for coffee collecting, drying, transporting, preparation and sales

3) Not prepare coffee in an impure way,

### 19. Obligations of the service providers

Any person who engages in coffee preparation, storage and transportation service shall:

1) Take competency assurance certificate from the bureau.

2) Give certificate/document that indicates level of standard of the service provided.

3) Prevent the husk or any odor emanating from liquid waste produced by the cleaning and pulping process from causing any negative impact on the environment

4) The owner of a vehicle that sustained malfunctions or against which a crime is committed while transporting coffee, shall promptly report the same to a lawful organ in the locality.

5) Abbaan konkolaataa yookaan bakka bu'aan isaa buna fe'uun dura bunnichi akkaataa labsii kanaan geejibamuuf kan qophaa'e ta'uu isaa mirkaneeffachuu qaba.

6) Buna akka geejibuuf itti kenname samsaan isaa osoo hin citin ufatni (sharaan) isaa osoo hin tarsa'in qulqullina isaa eegee bakka ga'uu qabu dhaqabsiisuu qaba.

7) Bu'uura waliigalteetiin buna kuusuuf fuudhe qulqullinaa fi sadarkaa isaa eegee kuusuu qaba.

**Kutaa Shan**
**Tumaalee Adda Addaa**

***20. Angoo fi Hojii Biiroo***

Biiroon aangoo fi hojii armaan gadii ni qabaata.

1) Iddoowwan giddugaleessa gabaa bunaa sadarkaa tokkoffaa fi too'annoon qulqullina bunaa itti geggeeffamu koree waliin ta'uun ni murteessa, ni bulcha.

2) Qorannoo sadarkaa qulqullina bunaa geggeessee galmeessuun waraqaa geggeessituu kennee gara gabaa oomisha Itiyoophiyaatti ni erga.

3) Bunni gara gidduugaleessa gabaa oomisha Itiyoophiyaatti ergamuuf dhihaate sadarkaa qulqullina barbaadamu guutee yoo hin argamne ta'e, sadarkaa isaa eegee akka qophaa'uuf ajaja ni kenna, ni raawwachisa.

4) Waraqaa ragaa ga'huumsa hojii mirkaneessuu ni kenna. akka haaromsamuuf deeggarsa ni kenna, ni mulqa.

5) Saamuda bunaa qo'annoo fi qorannootiif barbaadamu naannoo keessaa fi naannoo alatti akka socho'uf waraqaa hayyamaa ni kenna.

6) Buna gara giddugaleessa gabaa oomisha Itiyoophiyaatti ergamuuf qophaa'e hanga kiiloo giraama kuma kudhanii fi dhibba lama (fe'umsa koonkolaataa tokkoo) irraa saamudaaf kiiloo giraama sadii fudhachuu ni danda'a.

5) ባለመኪናው ወይም ወኪሉ ቡና ከመጫኑ በፊት ቡናው በዚህ አዋጅ መሠረት ሊጓጓዝ የተዘጋጀ መሆኑና ማረጋገጥ አለበት።

6) እንዲያጓጉዝ የተሰጠውን ቡና እሽጉ ሳይፈታ፣ ሸራው ሳይቀደድ ደረጃውና ጠብቆ ማከማቸት ያለበት ቦታ ማድረስ አለበት።

7) በውል መሠረት ለማራገፍ የተረከበውን የቡና ጥራት እና ደረጃውን ጠብቆ ማውረድ አለበት።

**ክፍል አምስት**
**ልዩ ልዩ ድንጋጌዎች**

**፳. የቢሮው ስልጣንና ተግባር**

ቢሮው የሚከተሉትን ተግባርና ስልጣን ይኖሩታል:-

1) ከአንደኛ ደረጃ የቡና ገበያ ማዕከል ቦታዎች እና የቡና ቁጥጥር የሚካሄድበትን ቦታ ከኮሚቴ ጋር በመሆን ይወስናል።

2) የቡና ጥራት ደረጃ አካሂዶ በመመዝገብ የሽኚ ደብዳቤ ሰጥቶ ወደ ኢትዮጵያ የምርት ገበያ ማዕከል ይልከል።

3) ወደ ኢትዮጵያ የምርት ገበያ ማዕከል ሊላክ የተዘጋጀው ቡና የሚፈለገውን የጥራት ደረጃ አሚልቶ ያልተገኘ ከሆነ ደረጃውን ጠብቆ እንዲዘጋጅ ትዕዛዝ ይሠጣል።

4) የስራ ብቃት ማረጋገጫ ምስክር ወረቀት ይሰጣል፤ እንዲታደስም ድጋፍ ይሰጣል፤ ይሽራል።

5) ለቡና ጥራት የሚፈለገው የቡና ናሙና ከክልሉ ውስጥ እና ከክልሉ ውጪ እንዲንቀሳቀስ የፈቃድ ወረቀት ይሠጣል።

6) ወደ ኢትዮጵያ የምርት ገበያ ማዕከል ሊላክ የተዘጋጀው ቡና እስከ 10200 ኪ.ግ (አንድ መኪና ጭነት) ላይ ለናሙና 3 ኪ.ግ መውሰድ ይችላል።

5) An owner or agent of a vehicle transporting coffee, shall before loading the coffee verify that the coffee has been prepared for transportation in conformity with this Proclamation.

6) A person engaged in providing coffee transportation service, shall transport the coffee he received from its place of consignment to its destination without breaking the seal and tearing the canvas and by preserving its quality.

7) The warehouse service provider should properly store coffee relived to provide such service keeping its quality and standard based on the agreement.

**Part Five**
**Miscellaneous Provisions**

**20. Power and Duties of the Bureau**

The Bureau will have the following power and duties

1) determine, in consultation with Committee, 1st grade coffee transaction places and quality control;

2) inspect and grant certificate of quality and issue a letter of release to all coffee to be sent to Ethiopian Commodity Exchange;

3) cause any coffee to be sent to Ethiopian Commodity Exchange that does not meet the required quality standard to be reprocessed for compliance with the required quality and grade;

4) Issues competency certificate, provides support to encourage renewal and cancels otherwise.

5) Shall provide letter of permit so that sample coffee moves with in and out of the Region.

6) The Bureau can take 3kg sample from up to 10,200 kg (carrying capacity of freight truck) coffee prepared to be sent to Ethiopian Commodity Exchange.

7) Mana jireenyaa, dhaabbilee mootummaa, mana kuusaa, geejiba yookaan iddoo biroo kamiyyuu bunni seeraan alaa keessatti argama jedhamee shakkame ajaja mana murtiitiin yookaan haalli isaa ariifachiisaa ta'ee yoo argame ajaja mana murtiitiin ala mirgi iyyannoo abbaa qabeenya qaama dhimmi ilaalutti dhiheeffachuun isaa akkuma eegametti ta'ee qaama dhimmi isaa ilaalu (Poolissii fi koree sadarkaa adda addaa dhaabbatee jiruu) waliin ta'uun ni sakatta'a, buna seeraan alaa ni dhaala, ni gurgura.

8) Hojimaataa fi sirna hojii daldala bunaa balleessuu raawwateera jedhame nama ragaadhaan itti mirkanaa'e tajaajila akka hin arganne dhorkuudhaan qaama mootummaa dhimmi isaa ilaalutti ni beeksisa.

9) Hojjetaa too'annoo qulqullina bunaa ni ramada.

10) Iddoo to'annoon keellaa bunaa itti dhaabbatu ni murteessa, hojjetaa keellaa bunaa ni ramada, ni bulcha, ni too'ata.

11) Koree hojii misoomaa, too'annoo qulqullinaa fi daldala bunaa deggaru sadarkaa hundatti akka dhaabbatu ni taasisa, qindoominaan ni hojjeta. Miseensoonnii fi hojimaanni korichaa dambii bahuun kan murtaa'u ta'a.

### 21. *Kafaltii Komishiinii*

Buna seeraan ala osoo socho'uu qabamee nama eeree qabsiiseef komishiniin ni kaffalama, raawwin isaa dambii bahuun kan murta'uu ta'a.

### 22. *Gochawwan* Dhorkaman

Namni Kamiyyuu;

1) Hojmaata teekinikaa seeraan murtaa'een ala buna qopheessuu fi kuusuu hin qabu.
2) Giddugaleessa gabaa bunaa sadarkaa tokkoffaa fi gidduugaleessa gabaa Oomisha Itiyoophiyaatiin ala buna bituu fi gurguruu hin qabu.
3) Haala qulqullina bunaa irratti dhiibbaa geesisuun geejibuu hin qabu.
4) Buna gabaa biyyaa alaatiif gitu gabaa biyya keessatti dhiyyeesuu, akaa'uu yookaan akaa'ee daakee gurguruu hin qabu.

7) መኖሪያ ቤት፣ መንግስታዊ ድርጅቶች፣ መጋዝን፣ ትራንስፖርት ወይም ሌላ ማንኛውም ቦታ ሕገ-ወጥ ቡና ይገኝበታል ተብሎ ከተጠረጠረ፣ የፍርድ ቤት ትዕዛዝ ወይም ጉዳዩ አጣዳፊ ሆኖ ከተገኘ ከፍርድ ቤት ትዕዛዝ ውጪ ባለሀብቱ ጉዳዩን ለሚመለከተው አካል አቤቱታ የማቅረብ መብቱ እንደተጠበቀ ሆኖ፣ ጉዳዩ ከሚመለከተው (ከፖሊስ እና በተለያዩ ደረጃዎች ከተቋቋመው ኮሚቴ) ጋር በመሆን ይፈትሻል፣ ሕገወጥ ቡና ይወርሳል፣ ይሸጣል፡፡

8) የቡና ንግድን የሚያፋልስ አሰራር እና ስርዓት ፈጽሟል ተብሎ በማስረጃ የተረጋገጠበት ሰው አገልግሎት እንዲያገኝ በማገድ ጉዳዩ ለሚመለከተው የመንግስት አካል ያሳውቃል፡፡

9) የቡና ጥራት ቁጥጥር ሰራተኛ ይመድባል፡፡

10) የቡና ጥራት ቁጥጥር ኬላ የሚተከልበትን ቦታ ይወስናል፡፡ ቡና ኬላ ሰራተኛ ይመድባል፣ ያስተዳድራል፣ ይቆጣጠራል፡፡

11) የልማት ስራ ኮሚቴ የጥራት ቁጥጥር እና የቡና ንግድ የሚደግፈውን ኮሚቴ በተለያዩ ደረጃዎች እንዲቋቋም ያደርጋል፣ በቅንጅት ይሠራል፣ የኮሚቴው አባላትን አሰራር በሚወጠው ደንብ የሚወሰን ይሆናል፡፡

### ፳፩. የኮሚሽን ክፍያ

በሕገ-ወጥ መንገድ ሲንቀሳቀስ የተያዘ ቡና ጠቁሞ ላስያዘው ሰው ኮሚሽን ይከፈላል፡፡ አፈፃፀሙ በሚወጣው ደንብ የሚወሰን ይሆን፡፡

### ፳፪. የተከላከሉ ድርጊቶች

ማንኛውም ሰው፡-

1) በህግ ከተወሰነው የቴክኒክ አሠራር ውጪ ቡና ማዘጋጀት እና ማከማቸት የለበትም፡፡
2) ከአንደኛ ደረጃ የቡና ገበያ ማዕከል እና ከኢትዮጵያ የምርት ገበያ ማዕከል ውጪ ቡና መግዛትን መሸጥ የለበትም፡፡
3) በቡና ጥራት ላይ ተፅዕኖ በሚያስከትል ሁኔታ ማጓጓዝ የለበትም፡፡
4) ለውጭ ገበያ የሚመጥን ቡና በሃገር ውስጥ ገበያ ማቅረብ፣ መቁላት ወይም ቆልቶ ፈጭቶ መሸጥ የለበትም፡፡

7) The bureau can inspect suspected residence house, government office, warehouse, transport or any other place where coffee is said to be illegally stored with court order or else if the case is urgent with out court order together with the committee and the bureau shall seal and inherent and sells illegally coffee. The right of the owner to submit application to concerned body is reserved.

8) Any body who is proved to committee conviction that may endanger the procedure and performance of coffee trade as verified by witness shall be suspended not to get service and the bureau shall address the issue to concerned government body.

9) Assigns the coffee quality controller

10) Determines the site of coffee inspection station, assigns, administers and supervises coffee inspection station staff.

11) Shall establish development committee supporting the coffee quality control and coffee trade at all level; works in coordination. The members and duties of the committee will be determined by the law to be enacted.

### 21. Commission Payment

Commission payment shall be executed who disclosed the illegal movement of coffee. It's implementation shall be determined in the law to be enacted.

### 22. *Prohibited Actions*

Any person should not:

1) Prepare and store coffee out of the set technical procedure.
2) Buy and sell coffee out of first grade coffee market and Ethiopian Commodity Exchange.
3) Transport in such away that endangers the quality of coffee.
4) Supply export standard coffee to domestic market; roast or

5) Faayidaa hintaane argachuuf qulqullina fi daldala bunaa irratti gocha seeraan ala raawwachuu hin qabu

23. *Adabbii*

Namni kamiyyuu:

1) Buna hojimaata seera qabeessa ta'een qopheessuu dhiisee qulqullina bunaa irratti yookaan hawaasa naannoo irratti dhiibbaa kan geesisuu yoo ta'e, warshaan isaa samsamee oomishini isaa akka hin geejibamne ta'e, seera yakkaatiin caalmaan kan adabsiisu yoo ta'e malee, qarshii 20,000 (kuma digdama) fi hidhaa waggaa tokko gadi hin taanee fi waggaa sadii kan hin caalleen adabama.

2) Buna giddugaleessa gabaa sadarkaa tokooffaa yookaan giddugaleessa gabaa oomisha Itiyoophiyaa ala yoo daldale, qarshii 20,00 (kuma digdama) fi hidhaa waggaa tokko gadii hin taanee fi waggaa sadii kan hin caalleen adabama.

3) Buna yeroo fi iddoo haayamameen ala qaama dhimmi isaa ilaalu utuu hin beeksisin kuusee yoo argame, bunichi akka dhaalamu ta'ee, seeraa yakkaatiin caalmaan kan adabsiisuu yoo ta'e malee, qarshii 30,000 (kuma saddoma) fi hidhaa waggaa tokkoo gadi hin taanee fi waggaa sadii kan hin caalleen adabama.

4) Buna seeraan alaa yookaan haala hin hayyamamneen iddoodhaa gara iddootti yoo geejibe seeraa yakkaatiin caalmaan kan adabsiisuu yoo ta'e malee, bunichi dhaalamee qarshii 50,000 (kuuma shantama) fi hidhaa waggaa sadii gadi hin taanee fi waggaa shan kan hin caalleen adabama.

5) የማይገባውን ጥቅም ለማግኘት በቡና ጥራት እና ንግድ ላይ ሕገ-ወጥ ድርጊት መፈፀም የለበትም፡፡

፳፫. ቅጣት

ማንኛውም ሰው፡-

1) ቡናን በሕጋዊ አሰራር ማዘጋጀት ትቶ በቡና ጥራት ላይ ወይም በአከባቢው ህብረተሰብ ላይ ጉዳት የሚያደርስ ከሆነ ፋብሪካው ታሽጎ ምርቱ እንዳይጓጓዝ ተደርጎ በወንጀል ህግ በይበልጥ የሚያስቀጣ ካልሆነ በስተቀር ብር 20000(ሃያ ሺህ) እና ከአንድ ዓመት በታች ያልሆነ እና ከ3/ሦስት ዓመት) ባልበለጠ እስር ይቀጣል፡፡

2) አንደኛ ደረጃ የቡና ገበያ ማዕከል ወይም ከኢትዮጵያ የምርት ገበያ ማዕከል ውጪ ከነገደ በወንጀል ህግ በይበልጥ የሚያስቀጣ ካልሆነ በስተቀር ብር 20000(ሃያ ሺህ) እና ከአንድ ዓመት በታች ያልሆነ እና ከ3/ሦስት ዓመት) ባልበለጠ እስር ይቀጣል፡፡

3) ቡናን ከተፈቀደለት ጊዜ እና ቦታ ውጪ ጉዳዩ የሚመለከተውን አካል ሳያሳውቅ አከማችቶ ቢገኝ ቡናው እንዲወረስ ሆኖ በወንጀል ሕግ በይበልጥ የሚያስቀጣ ካልሆነ በስተቀር ብር 30000(ሳላሳ ሺህ) እና ከአንድ ዓመት በታች ያልሆነ እና ከ3/ሦስት ዓመት) ባልበለጠ እስር ይቀጣል፡፡

4) ቡናን በሕገ-ወጥ መንገድ ወይም ባልተፈቀደ ሁኔታ ከቦታ ወደ ቦታ ካመላለሰ፤ በወንጀል ሕግ በይበልጥ የሚያስቀጣ ካልሆነ በስተቀር ብር 50000(አምሳ ሺህ) እና 3(ሦስት) ዓመት በታች ያልሆነ እና ከ5(አምስት ዓመት) ባልበለጠ እስር ይቀጣል፡፡

5) Commit illegal action on coffee quality and trade in order to get illegal benefit.

23. **Penalty**

Any person whoa—

1) fails to comply with the appropriate technical procedures and thereby causes damage to the quality of the coffee or the local community shall have his processing plant closed and be prohibited from transporting his coffee to transaction centers, and unless punishable by greater penalty as per any other relevant law, be penalized by a fine of Birr 20,000 and an imprisonment of not less than one year but not exceeding three years.

2) is engaged in coffee transaction outside transaction centers established by the Ethiopia Commodity Exchange shall, in addition to confiscation of his coffee, unless punishable with a greater penalty as per any other relevant law, be penalized by a fine of Birr 20,000 and an imprisonment of not less than one year but not exceeding three years.

3) without notifying the appropriate body, stores and tenders for sell coffee outside the authorized time and place, shall, in addition to confiscation of the coffee, unless punishable with a greater penalty as per any other relevant law, be penalized by a fine of Birr 30,000 and in imprisonment of not less than one year but not exceeding three years

4) unlawfully or in an inappropriate manner transports coffee shall, in addition to confiscation of the coffee, unless punishable with a greater penalty as per any other relevant law, be penalized by a fine of Birr 50,000 and an imprisonment of not less than three years but not exceeding five years.

5) Buna biyya alaaf ooluu danda'u gabaa biyya keessatti yoo gurgure yookaan akaa'ee qopheessee fayyida biyya keessaaf yoo oolche; seera biraan caalmaan kan adabasiisu yoo ta'e malee, bunichi dhaalamee qarshii 50,000 (kuma shantama) fi hidhaa waggaa sadii gadii hin taanee fi waggaa shan kan hin caalleen adabama.

6) Abbaan konkolaataa fi konkolaachisaan kamiyyuu buna seeraan alaa fe'ee yoo socho'e, seeraa yakkaatiin caalmaan kan adabsiisu yoo ta'e malee, bunichi dhaalamee qarshii 50,000 (kuma shantama) fi hidhaa waggaa sadii gadi hintaanee fi waggaa shan kan hin caalleen adabama.

7) Hojimaata qulqullinaa fi gabaa bunaa irratti gocha seeraan alaa yoo raawwate, seera yakkaatiin caalamaan kan adabsiisu yoo ta'u malee, qarshii 50,000 (kuma shantama) fi hidhaa waggaa sadii gadi hin taanee fi waggaa shan kan hin caalleen adabama

8) Buufata qorannoo qulqullinaa fi galmee bunaa irraa buna fe'ee gara giddugaleessa gabaa oomishaa Itiyoophiyaatti osoo hin geessin kan miliqse seera yakkaatiin caalmaan kan adabasiisu yoo ta'e malee, qarshii 100,000 (kuma dhibba tokkoo) fi hidhaa waggaa shan gadi hin taane fi waggaa kudhan hin caalleen adabama.

## 24. *Aangoo Abbaa Seerummaa*

Manni murtii sadarkaa sadarkaadhaan jiru keewwata 23 jalatti yakkoota ibsaman irratti aangoo abbaa seerummaa ni qabaata.

5) ለውጭ ሀገር ሊውል የሚችለውን ቡና በሀገር ውስጥ ገበያ ከሸጠ ወይም ቆልቶ አዘጋጅቶ ለሀገር ውስጥ ፍጆታ ከዋለ፤ በሌላ ሕግ የበለጠ የሚያስቀጣ ካልሆነ በስተቀር ቡናው ተወርሶ ብር 50000(አምሳ ሺህ) እና 3(ሦስት) ዓመት በታች ያልሆነ እና ከ5(አምስት ዓመት) ባልበለጠ እስር ይቀጣል።

6) ማንኛውም ባለመኪና እና ሾፌር በሕገወጥ ቡና ጭኖ ቢንቀሳቀስ በወንጀል ሕግ የበለጠ የሚያስቀጣ ካልሆነ በስተቀር ቡናው ተወርሶ ብር 50000(አምሳ ሺህ) እና 3(ሦስት) ዓመት በታች ያልሆነ እና ከ5(አምስት ዓመት) ባልበለጠ እስር ይቀጣል።

7) በጥራት አሠራርና በቡና ገበያ ላይ ህገወጥ ድርጊት ከተፈፀመ በወንጀል ሕግ የበለጠ የሚያስቀጣ ካልሆነ በስተቀር ቡናው ተወርሶ ብር 50000(አምሳ ሺህ) እና 3(ሦስት) ዓመት በታች ያልሆነ እና ከ5(አምስት ዓመት) ባልበለጠ እስር ይቀጣል።

8 ከጥራት ቁጥጥር እር ቡና ምዝገባ ማዕከል ቡና ጭኖ ወደ ኢትዮጵያ የምርት ገበያ ማዕከል ሳያደርስ ያስቀረ ሰው በወንጀል ሕግ የበለጠ የሚያስቀጣ ካልሆነ በስተቀር ቡናው ተወርሶ ብር 100000(አንድ መቶ ሺህ) እና 5(አምስት) ዓመት በታች ያልሆነ እና ከ10(አስር ዓመት) ባልበለጠ እስር ይቀጣል።

## ፳፬. የዳኝነት ስልጣን

በየደረጃው ያለው ፍርድ ቤት አንቀጽ 23 ስር በተገለፁት ወንጀሎች ላይ የዳኝነት ስልጣን ይኖረዋል።

5) sells unfrosted coffee or processed roasted coffee that is of export standard in the domestic market shall, in addition to confiscation of the coffee, unless punishable with a greater penalty as per any other relevant law, be penalized by a fine of Birr 50,00 and an imprisonment of not less than three years but not exceeding five years

6) who commits any manipulative act in relation to coffee quality and marketing, shall, unless punishable with a greater penalty as per any other relevant law, be penalized by a fine of Birr 50,000 and an imprisonment of not less tha three years but not exceeding five years;

7) who commits any manipulative act in relation to coffee quality and marketing, shall, unless punishable with a greater penalty as per any other relevant law, be penalized by a fine of Birr 50,000 and an imprisonment of not less that three years but not exceeding five years;

8) person who illegally diverts and transports coffee legally authorized for transportation to the appropriate inspection centers or to the auction centers or to the Ethiopia Commodity Exchange shall, unless punishable with a greater penalty as per any other relevant law, be penalized by a fine of Birr 100,000 and an imprisonment of not less that five years but not exceeding ten years.

## 24. Power of Jurisdiction

Courts at different level shall have power of jurisdiction to rule criminal actions mentioned under Article 23.

**25. Seerota *Raawwatiinsa* Hinqabaanne**

Seerrii fi barmaatileen hojii labsii kanaan wal-faallessan kamiyyuu raawwatiinsa hin qabaatan.

**26. Tumaalee Ce'uumsaa**

1) Dhimmootni yakkaa fi hariiroo hawaasaa falmii irra jiran haaluma jalqabamaniin xummura kan argatan ta'a.
2) Woraqaa ragaa gahuumsa hojii mirkaneessuu fi hayyama hojii daldalaa labsiin kun bahuun dura hojii irra jiran bu'ura labsii kanaan hanga bakka bu'anitti tajaajila kan kennan ta'a.

**27. Aangoo Dambii Baasuu**

Labsii kana hojiiraa oolchuuf Manni Maree Bulchinsa Mootummaa Naannoo Oromiyaa dambii baasuu ni danda'a.

**28. Dirqama Deeggarsaa Kennuu**

1) Namni kamiyyuu dhimmoota labsii kana keessatti ibsaman hojii irra oolchuuf dirqama deeggarsa kennu ni qaba.
2) Pooliisiin labsii kana raawwachiisuuf deeggarsa addaa kennuu qaba, deeggarsa kennamu qabus dambii bahuun ni murta'a.

**29. Yeroo Labsiin Kun Hojii Irra Itti Oolu**

Labsiin kun guyyyaa 30/10/ 2002 irraa eegalee hojii irra kan oolu ta'a.

**Finfinnee, Ebla 30 Bara 2002**

**Abbaaduulaa Gammadaa**
**Pirezidaantii Mootummaa Naannoo Oromiyaa**
**Finfinnee Ebla.Bara/2002**

**፳፭. ተፈፃሚነት የሌላቸው ሕጎች**

ከዚህ አዋጅ ስራ ጋር የሚቃረን ማንኛውም ሕግ እና ልማድ ተፈፃሚነት አይኖረውም፡፡

**፳፮. የሽግግር ድንጋጌዎች**

1) ክርክር ላይ ያሉ የወንጀልና የፍትሐብሔር ጉዳዮች በተጀመሩት ሁነታ ማብቂያ እንዲያገኙ ይደረጋል፡፡
2) ለሥራ ብቃት ማረጋገጫ የምስክር ወረቀት እና ይህ አዋጅ ከመውጣቱ በፊት ስራ ላይ ያሉ የንግድ ስራ ፈቃድ በዚህ አዋጅ መሠረት እስኪተኩ ድረስ አገልግሎት የሚሰጡ ይሆናል፡፡

**፳፯. ደንብ የማውጣት ሥልጣን**

ይህንን አዋጅ ስራ ላይ ለማዋል የኦሮሚያ ብሔራዊ ክልላዊ መንግሥት ምክር ቤት ደንብ ማውጣት ይችላል፡፡

**፳፰. ድጋፍ የመስጠት ግደታ**

1) ማንኛውም ሰው በዚህ አዋጅ ውስጥ የተገለጹትን ጉዳዮች ስራ ላይ ለማዋል ድጋፍ የመስጠት ግደታ አለበት፡፡
2) ፖሊስ ይህንን አዋጅ ለማስፈፀም ልዩ ድጋፍ መስጠት አለበት፡፡ መስጠት ያለበት ግደታም በሚወጣ ደንብ ይወሰናል፡፡

**፳፱. ይህ አዋጅ ስራ ላይ የሚውልበት**

ይህ አዋጅ ከ፴/፲/፳፻፪ ዓ.ም ጀምሮ ስራ ላይ የሚውል ይሆናል

ፊንፊኔ ሚያዚያ ፴ ቀን ፳፻፪

አባዱላ ገመዳ
ኦሮሚያ ብሔራዊ ክልላዊ መንግስት ፕረዝደንት

**25 Non-applicable laws**

Laws and procedures in contrary with this proclamation shall not become applicable.

**26. Transitional Provisions**

1) Criminal and Civil argument cases which are already under way shall get final resolution according to the way they are handled.
2) Competency assurance certificate and trade licenses which are in action before the declaration of this proclamation shall remain valid until they are replaced in accordance with this proclamation.

**27. Power of Enacting a Regultaion**

Oromia Regional Government Council The Council of Ministers may issue regulations necessary for the implementation of this Proclamation.

**28. Obligation to provide support**

1) Any person has an obligation to provide support and assistance in the effort made to implement the issues stated in this decree.
2) The police should give especial support in the implementation of this proclamation; such support will be established in the rule to be enacted.

**29. Effective date of the proclamation**

This proclamation shall enter in to force as of 7th of July 2010.

Finfine May 7,2010.

**Abadula Gemeda**
**President of Oromia National Regional State**
**Finfine, May/2010**

*Printed by : Softnet Printing*